

Hojiiwwan Hawaasummaa Miidhaa-maleeyyii

Sochiilee miidhaa-maleeyyii tatamsa'ina COVID-19 ittisuuf gargaaran filadhaa. Ayyaanota yeroo ayyaaneeffattanii fi namoota biroo wajjin yemmuu walitti qabamtan, gorsawwan fayyaa hawaasaa armaan gadii ilaalcha keessa galchaa.

Yoo guutummaatti talaalamtan, COVID-19 qabamuu fi dhibecha tatamsaasuuf hojiiwwan hundinuu balaan isaan qaban gadi aanaadha. Guutummaatti hin talaalamne taanaan, kanneen armaan gadii gochuudhaan bala xiqqeessuuf tarkaanfii fudhaa:

- Talaallii fudhachuu
- Namoota biroo irraa faana 6 fagaachuu
- Maaskii godhachuu
- Alatti walitti qabamuu
- Bakka namoonni itti wal ga'an baqachuu

Balaa sana ilaalcha keessa galchi



Balaa gadi aanaa

- Dhiyaana ykn tapha halkanii fakkeessaa qopheessuu
- Hiriyoota ykn maatii talaalaman waliin mana keessatti walitti qabamuu
- Hiriyoootaa wajjin paarkii walitti qabamuu



Balaa caalu

- Hiriyoota talaalamaniif fi hin talaalamnee wajjin mana keessatti walitti qabamuu
- Siinimaa daawachuu ykn goodambaa daawachuuf deemuu
- Hiriyoota hin talaalamni waliin naannoo mana nyaataatti nyaataaf wal ga'uu



Balaa ol aanaa

- Mana dhugaatii ykn mana nyaataa mana keessaa namni itti baay'atu deemuu
- Koonsartii bakkee ykn qophii guddaa namni itti baay'atu biraa hirmaachuu
- Imala idil-addunyaa gochuu

Odeeffannoo dabalataatiif kana daawadhaa [CDC: Sochiwwan miidhaa-maleeyyii Filachuu](https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/daily-life-coping/participate-in-activities.html) (www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/daily-life-coping/participate-in-activities.html).

mn MINNESOTA

STAY SAFE MN